

**Fayyummaa Daa'imanii Kunuunsuufi Miidhaafi Balaarraa  
Eeguuf Gahee Maatii**

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni  
Dhaabbata Kunuunsa Daa'imanii Maatii  
Ittiin Mariisisuuf Qophaa'e**

**Bara 2012**

# **Nageenya Daa'imanii Kunuunsuufi Daa'iman Miidhaafi**

## **Balaan Addaddaarraa Eeguuf Gahee Maatii**

### **Baafata**

Kutaa Tokko: Faayidaa Nageenyaafi Eegumsa Daa'imanii Eeguun Qabu.....	2
Kaayyoo marii.....	3
Gochaalee Daa'imanirra Miidhaa Geessisan.....	6
Akaakuuwan Miidhaa Daa'imanirra Ga'anii.....	7
1. Miidhaa qaamaa:.....	7
2. Miidhaa sammuufi currisaa:.....	7
Miidhaa Saalquunnamtii.....	8
4. Dhibaa'ummaa.....	9
Gochaalee Badaan Daa'imanirratti Raawwataman Miidhaan Isaan Qaqqabsiisan Maalfa'i? .....	10
Ergaawan Furtuu ( Daqiqaa shan).....	10
Kutaa Lama: Maatiin/ Guddistoonni Nageenya Daa'imanii Akkamitti Mirkaneessuu Danda'u? .....	12
Kaayyoo marichaa.....	13
Ergaawan Furtuu Ta'an (Daqiqaa shan).....	16
Odeeffannoo dabalataa Mariyachiisaaf.....	18
Daa'iman Yeroo Miidhaan Irra Ga'u Mallattoowwan Akekkachiisaa Isaan Mul'isan Beekuu.....	19
Daa'iman Miidhaarraa Eeguuf Maal Gochuutu Barbaachisa?.....	22
Miidhaawan Ijolleerra Ga'uu Malan Ittisuudhaaf Eeruwwan Dabalataa Maatiidhaaf.....	24
Nageenyaafi Eegumsa Daa'iman Baay'ee Xixiqqoo Ta'anii.....	27
Miidhaa Balaa Tasaan Ijolleerra Gahuu Maluuf Qophiifi Tarkaanfii Maatiin Taasisuu Qaban.....	27

## Fayyummaa Daa'immanii Kunuunsuufi Miidhaafi Balaarraa Eeguuf Gahee Maatii

**Kaayyoo Leenjichaa:** Dhuma leenjichaatti maatiin/ guddistoonni

- Fayyummaa da'immanii sirnaan kunuunsuufi daa'imman miidhaafi balaa gagaraarrraa eegeuuf maal gochuun akka barbaachisuufi maal gochuun akka danda'amu hubannoo ni'argatu

**Hirmaattota Leenjichaa:** hirmaattota leenjichaa nita'u jedhamanii kanneen eegaman barsiisota, guddistoota yookiin maatiifi hojjattoota dhaabbilee kunuunsa daa'immanii keessa hojjatan

Keessa deebii

Jalqaba tokkoo tokkoo leenjiirratti tokkoon tokkoo leenji'aa waan yeroo darbe barate yaadachuu akka gargaarutti hirmaattonni lama yaada ijoor leenjii yeroo darbee akka dhiyeessan gaafachuun nibarbaachisa.

Fakkeenyaaaf,

1. Yeroo darbe wantoonniniuti irratti mariyannrmaal maalfaadha?
2. Haaluma dhimmoota irratti mariyanneetiin manatti ijoolee keessan waliin maalfaah hojjattan? Rakkoon isin quunname hoo jiraa?
3. Barumsa yeroo darbee maatii keessaniif qooddanii jirtuu?

### Madaallii Leenjii Duraafi Leenjii Boodaa

Osoo leenjiin hinjalqabamiin dura hirmaattotaaf madaallii leenjiin duraa nikennama. Beekumsa leenjiirraa argatan gamaggamuufis madaallii leenjiib boodaa tokkoo tokkoo leenji'atiif dhuma tokkoo tokkoo leenjiirratti nikennama.

Dambiiwwan Waliigalaa Leenjichaa

#### Mariisisa

Guyyaa jalqabaa leenjichaarratti dambiiwwan leenjii armaan gadii hirmaattota beeksisaa

- Haalli taa'umsa leenjifamtootaa walakkaa geengoon osoo ta'ee filatamaa ta'uu isaa beeksisuu
- Mariisisaafi hirmaattonni walbaruu raawwachuu
- Yeroon argamuu
- Yeroo leenjiitti bilbila mobaayilaa cufuu ykn sagalee isaa balleessuu
- Wayitii leenjii hundarrattuu argamuu
- Dammaqinaan hirmaachuu
- Yaada namoota biro kabajuu
- Yeroo keessa deebii- Guyyaa hundaa jalqabarratti barumsa yeroo darbe baratan ilaalchisee hirmaattota ibsa godhan lama eeruun daqiqaa shaniif mariisisuu

- Iddoo leenjii mijeessuu- Guyyaa hundaa jalqabarratti qindeessitoonni leenjichaa daqiiqaa shaniif iddo leenjii akka mijeessan gochuu
- To'ataa yeroo filuu

### **Wantoota/ meeshaalee barbaachisa**

- Kitaabilee sheekkoo umrii daa'immaniin walsimee qophaa'eefi fakkiiwwan
- Gabatee qulqulluu irratti barreessan/ filippi chaartii
- Maarkarii
- Kobbeefi dabtara yaadannoo
- Barreeffamoota gaggabaaboo

### **Yaadannoo Tokkoo Tokkoo Leenjiirratti Qabatamu**

Dhuma tokkoo tokkoo leenjiirratti mariisisaan adeemsa mariichaa ilaachisee yaadannoo akka qabatan irraa eegama. Qophii marichaaf taasisan ykn adeemsa marii keessatti yaadota adda ta'anii ka'aniifi yaadota ijoo boqonnicha keessatti hammatamuu qabaniifi irra deebi'anii ilaalamuu qaban yaadannoo qabachuu qabu. Yaadoleen ijoon kunniin yeroo leenjii leenjistotti mariin irratti godhamaa dookumantii kana gara fuulduraatti caalaatti gabbisuuf gargaara.

# Nageenya Daa'imanii Kunuunsuufi Daa'iman Miidhaafi

## Balaan Addaddaarraa Eeguuf Gahee Maatii

### Gocha 1: Sagantaa marii yeroo darbee keessa deebi'u (daqiiqaa shan)

#### Mariyachiisaa

Yaada ijoo marii yeroo darbee akka yaadachiisaniif hirmaattota fedhii qaban lama haala armaan gadiin gaafadhaa

- Wantoonni yeroo darbe irratti mariyanne maalfaadha?
- Beekumsa leenjii kanarraa argattan namoota biroof qoddaniittuu?

### Kutaa Tokko: Faayidaa Nageenyaafi Eegumsa Daa'imanii Eeguun Qabu

#### Gocha 2: Marii garee

#### Mariyachiisaa

Hirmaattonni yaada isaanii mariif akka qopheessan deeggaruuf nageenyaafi eegumsi daa'imanii maaliif akka barbaachisu qabxiwwan armaan gadii hirmaattotaaf ibsaa

Daa'iman hedduun mana keessa yookiin maatii wajjiin yoo oolan nageenyi isaanii akka eegamutti yaadu. Haata'u malee, maatiin tokko tokko manaafi naannoo manaatti wantoonni nageenya daa'imaniiif yaaddo ta'an jiraachuufi jiraachuu dhiisuu karoorfatanii hordoffii hintaasisan. Wantoonni yaaddoo ta'an yoo jiraatan yookiin maatiin nageenya daa'imaniiif xiyyeffanna yoo hinkennine nageenyi daa'imanii balaarra bu'a. Naannoo nageenyi isaa hineegamne kan jedhamu naannawa daa'imanirra balaa geessisuu danda'udha.

- Nageenyiifi eegumsi daa'imanii daa'imanirra miidhaan akka hingeneye tarkaanfii ittisaa yookiin miidhaa daa'imanirra gahaa jiru dhaabsisuuf gocha raawwatamudha
- Daa'iman balaa ofirraa ittuurratti humna mataa isaanii wan hinqabneef nageenya isaanii eegsisuuf itti gaafatamummaan kan maatiifi haawaasa naannooti.
- Maatiin ijollee isaanii miidhaa daa'imanirra gahuu danda'uufi balaa akkamitti ofirraa ittisuut akka danda'an akkasumas akkamitti balaa jalaa bahuu akka danda'an daa'iman isaanii barsiisutu irraa eegama.

- Maatiin ijoollee isaanirra gochoonni badaa nageenya, kabajaafi guddina daa'immanii miidhan akka irra hingeenye eegumsaafi hordoffii sirrii gochuu qabu.
- Daa'imman yeroo gara mana barnootaa deemanifi galan balaan addaddaa akka isaan hinmudanne dursanii of eeggachuun barbaachisaadha.
- Daa'immanirratti miidhaan qaamaa, xiinsammuu, akkasumas kan kornayaa namoota addaddaatiin irratti raawwatama.
- Maatiin tokko tokko ijoollee isaanii seera barsiisuuf jechaharcummeefi saqqiidhaan reebu; kaballaan ruktu; mataa isaanii keessa gadi ruktu; nidhiittu; niqunxuuxu; arrabsoofi iyyuun itti dutu; nisossodaachisu; wadaroon hidhuudhaan sibiila diimateen gubu akkasumas, barbaree itti aarsuun adabu.
- Namoonni biroon immoo sammuu, guddinaafi jirenya daa'immanirraa gochoota badaa balaa guddaa irraan gahuu danda'an irratti raawwatu.

## Kaayyoo marii

### Dhuma mariirratti hirmaattonni:

- Barbaachisummaa nageenyaafi eegumsa daa'immanii hubachuun tooftaalee ittiin wantoota daa'immanirraan balaa geessisan ittiin hir'atu adda nibasu.
- Gochoota nageenya daa'immaniitiif yaaddoo ta'an adda nibasu.
- Haaluta nageenya daa'immanirra balaa geessisan adda baasuun tarkaanfiiwwan furmaata ta'an ni'ibsu.

### Mariyachiisaa

Kaayyoowwan marichaa hirmaattota leenjichaaf dubbisaafii

### Mariyachiisaa

1. Hirmaattonni garee sadiitti akka gurmaa'an godhaa
2. Tokkoon tokkoo garee Mariyachiisaa nifilata. Akkasumas, nama qaboo yaa'ii marichaa barreessuufi boodas hirmaattotaaf kan dhiyeessu nama tokko garee hunda keessaa filatamuu qabu.
3. Tkkoo tokkoo gareetiif barreeffamoota seenaa gaggabaabaa ibsan kennuun seenicha dubbisuufi irratti mariyachun gaaffiwwan dhiyaatanifiif deebii akka kennan taasisaa.

Hirmaattonni marichaa mudannoowwan afran armaan gadii erga dubbisanii

booda miseensonni tokkoo tokkoo garee gaaffiiwwan armaan gadii akka deebisan godhaa.

### **Hirmaattota mariif gaaffiiwwan dhiyaatan lamaan**

1. Seenaan dhageessan keessaa haalinni nageenya daa'immaniirra balaa geessisuu danda'an isaan kamidha?
2. Daa'imman seenicha keessatti maqaan dha'aman gara fuulduraatti maaltu irra gahuu danda'a?

### **Seenaan Tokko\_Dabalaa**

Dabalaan Qannoos daa'ima umriin isaa waggaa afur ta'edha. Maatiin isaa yeroo hunda isa lolu. Dabalaan yeroo umriin isaa waggaa lama ta'urraa jalqabee yommuu abbaan isaa haadha isaatti dutaa, arrabsaa, reebu ni'arga. Yommuu haati isaanii reebamtu ni iyuu. Dabalaan haadha isaa wajjiin iyaa. Kanarraa kan ka'e abbaa isaa sodaachuu jalqaba. Yeroo abbaan isaa isa qabu iyuu jalqaba. Yeroo dhiyoo asitti immoo yoo namoonni naannoo sagalee isaanii olkaasanii dubbatan dhaga'e sodaatee boo'a. Yommuu haadha isaa wajjiin gabaa deemu yoo namoonni sagalee isaanii ol kaasanii dubbatan dhaga'e iyee boo'a. Haati isaas mucaa boo'u kana sossobuuf baay'ee rakkatti.

### **Seenaan Lama\_Aadde Qabbanee**

Aadde Qabbaneen haadha ijoollee sadii. Abbaan manaa ishee waan irraa du'eef ijoollee ishee kan guddistu hojii guyyaa hojjachuudhaani. Gara hojii mucaa ishee ishee xiqqoo harka qabattee deemti. Gara hojii yommuu deemtu manni ishee akka jalaa hinsaamamne waan sodaattuuf mana cufuun ijoolleen ishee lamaan olla dhaqanii akka taphatan gooti. Ollaan ishees ijoollee ishee akka ilaalmiif itti himti.

Ijoolleen Aadde Qabbanee hanga haati isaanii dhuftutti fuuldura mana isaanii taphatu. Yeroo tokko tokko immoo waraqaa, pilaastikii meeshaa bishaanii, guwaantii harkaa akkasumas lilmoo mana yaalaa yoo karaarraa argan walitti qabanii fiduun ittiin taphatu. Soorata qalqalloo pilaastikii keessa jiru kaasuun nyaatu. Karaarratti jechoota gadhee ijoolleen gurguddoonaan ittiin wal arrabsan dhaga'an isaanis gaafa wal lolan jechicha jechuun wal arrabsu.

### **Seenaan Sadii\_Jamiilaa**

Jamiilaafi obboleessi ishee lakkuu ishee ta'e, Kadiir, umriin isaanii waggaa torba. Kadiir yeroo hunda ijoollee safaraa wajjiin yommuu taphatu Jamiilaan garuu haadha ishee hojii gargaaruu malee manaa akka baatu hinhayyamamuuf. Garuu, yoo hojiin mana keessa hinjiraanne Jamiilaan Kadiir wajjiin ala ijoollee safaraa wajjiin akka taphattu nihayyamtiif. Magaalaan baay'ina namootaan kan guutame waan ta'eef dirreen ijolleen irra taphatan hinjiru. Kanaafuu, ijolleen erga mana barnootaatii dhufan nyaata isaanii nyaatanii booda karaarra shaffaxaafi irraan gadii fiiguun akkasumas bo'oo lolaa keessa taphatu. Karaarra kallattii hundaanuu namoota, saree, harree, horii gaafaa, konkolaattota baay'eetu darba. Ijolleen immoo yeroo hunda dallaa irraafi mukkeen daandii cinaa dhaabbataniirra rarra'aa taphachaa, wal reebaa dhiisisuu. Namoonni karaa deeman yommuu Kadiiriifi hiriyyoonni isaa wal lolan yommuu argan akka wal hinolle nigorsu. Namoonni tokko tokko immoo itti kolfuun caalaatti akka wal lolan jajjabeessu. Namoonni muraasni immoo baay'ee isaan rebuudhaan itti dutu.

### **Seenaafur: Seenaaf Laliifi Qu'achiisaa Ishee**

Laliin mucayyoo waggaa torbaa yommuu taatu barattuu kutaa tokkoffaatis. Laliin maatii isheefi obbolaan ishee lamaan hangafoota ta'an wajjiin jiraatti. Abbaan Lalii kaahinii yommuu ta'u haati ishee immoo hojiwwan mana keessa jiran itti gaafatamummaan bulchiti. Barataan kutaa saddeetii Duulaa jedhamu kan olla isaanii jiraatu torbanitti guyyaa sadiif Lalii qu'achiisa. Duulaan mucaa waggaa kudha shaniiti. Laliin barumsa ishee akka qu'attuufi hojii manaa akka hojjattuuf Duulaan ishee gargaara. Duulaan waan Lalii gargaaruuf ,akkasumas mucaa amala gaarii qabudha jedhanii waan amananiif maatiin Lalii Duulaa nijaallatu. Duulaan Lalii kan qu'achiisu kutaa ciisichaa Lalii keessatti sireerra taa'aniiti. Duulaan yommuu Lalii qu'achiisu baay'ee itti siqee taa'un akkasumas yommuu isheen barreessitu ishee gargaaruuf gara ciqilee isheetiin harka ishee jabeessee qaba. Yeroo tokko tokko immoo qaama ishee qaqqaba. Hidhiifi harma ishee qaqqaba. Yommuu Duulaan akkanatti ishee qaqqabu Laliin nigammaddi.

### **Hirmaattota mariif gaaffiwwan dhiyaatan lamaan**

1. Seenaawwan dhageeffattan keessaa haaloni nageenya daa'immaniirratti balaa geessisuu danda'an isaan kamidha?
2. Daa'imman seenicha keessatti eeraman gara fuulduraatti maaltu irra gahuu danda'a?

### **Gabaasa gareewwanii dhaggeeffachuu ( daqiqaa digdama)**

### **Mariyachiisaa**

1. Hirmaattonni gaaffiiwan armaan olitti dhiyaatanirratti erga mariyatani booda haaluma mariyataniin dabareedhaan deebii isaanii hirmaattotaaf ibsuutu irraa eegama
2. Dhiyeessitoota garee hundaafuu daqiqaa shan shan qofa hayyamuudhaan deebii garee isaanii akka dhiyeessan
3. Namni tokko dhiyeesse yommuu xumuru hirmaattonni lama yaada akka kennan yookiin gaaffii akka dhiyeessan haa hayyamamuuf  
Yaadota hirmaattotarraa dhiyaaterratti Mariyachiisaan sirreffama kennuu yookiin cimsuutu irraa eegama.

### **Madaallii ( keessa deebii): (daqiqaa shan)**

### **Mariyachiisaa**

Hirmaattota keessaan namoota lama filuun waa'ee maalummaafi faayidaa nageenyaafi eegumsa daa'immanii gabaabinaan akka ibsan gaafadhaa. Gaaffiiwan madaalliif dhiyaatan hirmaattonni barumsa guyyaa sanaa hangam akka hubatan gamaggamuuf kan dhiyaatan malee qorumsa akka hintaane maatiif ibsamuu qaba.

## **Gochaalee Daa'immanirra Miidhaa Geessisan**

### **Mariyachiisaa**

Haalli qabannaa badaa nageenya, fayyaa, kabaja, guddina daa'immanii miidhu **miidhaa daa'immanii** jedhama. Gochaaleen badoo miidhaa daa'immanirraan ga'an jiru. Yeroo tokko itti yaadamee kaayyoodhaan gochoonni daa'imman miidhuuf raawwataman akkuma jiran namoonni gurguddoofi dargaggoonni osoo hinbeekiin, wallaala irraa kan ka'e daa'immanirra miidhaa geessisu. Daa'imman miidhuun seera cabsuudha. Miidhaan addaddaa daa'immanirra ga'an nijiru. Isaanis, miidhaa qaamaa, miidhaa sammuufi currisaa, miidhaa saalquunnamtiifi maal-dhibdeefaadha.

## Akaakuwwan Miidhaa Daa'immanirra Ga'anii

1. **Miidhaa qaamaa:** maatiin yookiin guddistoonni ijoollee reebuudhaan yookiin madeessuudhaan miidhaa geessisu danda'u. Miidhaan qaamaa qunxuuxxa, kaballaa, reebicha / tumuu, gubuu, hidhuu, ijoollee darbachuu fi kkf..of keessatti hammata.
2. **Miidhaa sammuufi currisaa:** beekaa miidhuudhaaf jedhamee yookiin osoo hinbeekiin daa'ima seera barsiisuuuf jedhamee arrabsoon, qeeqni ijoollee salphisu, abaarsiifi gochoonni ksf...raawwataman sammuufi currisa daa'immanii miidhu. Haalli kun immoo daa'imman miira ofitti amanamummaa akka hinqabaanne godha. Miidhaan currisaa daa'immanirraan ga'uun daa'imman ofif ilaalcha gadaantummaa akka qabaatan akkasumas, akka faayidaa hinqabneetti akka of ilaalan godha. Daa'imman naannoo isaanitti nageenyi akka itti hindhaga'amne godha. Wantoonni daa'imman gara amala badaatti geessan keessaa tokko miidhaa sammuufi currisaat.

Mariyachiisaa

Gochoonni dhukkubbii yookiin miidhaa qaamaa daa'immanirraan ga'an **miidhaa qaamaa** jedhamu. Gochoonni akkasii kan raawwataman daa'ima miidhuuf itti yaadamee ykn daa'ima adabuuf jedhamee ta'uu danda'a.

Namoonni osoo hinbeekiin gocha akkasii raawwatan sababni isaanii daa'imman seera gaarii barsiisuuuf adabbiin qaamaa amala badaa sirreessuuf mala gaarii akka ta'etti dubbatu. Haata'u malee, adabbiin qaamaa daa'imarratti dhukkubbii qaamaafi miidhaa qaamaa biroof saaxiluun cinatti amala daa'imaarratti rakkoo qaqqabsiisa. Daa'imman seera kan barsiisnu wantoota dogoggora ta'an wantoota sirrii ta'anirraa adda baasnee barsiisuuifi hordoffii taasisuun, akkasumas isaaniif fakkeenya gaarii taanee argamuun malee ijoolleen dhukkubaafi sodaan akka jiraatan gochuudhaan miti. Miidhaan qaamaa seera barsiisuu caalaa ijoollee kan miidhudha; gara amala badaatti isaan oofa. Qunxuxxaafi mataa keessa rukutuurraa kaasee ijoollee wantootaan hanga gubuutti gochoonni jiran hunduu daa'immanirratii rakkooowwan addaddaa miidhaa qaamaafi rakkoo amalaa irraan gaha.

### **Mariyachiisaa**

Daa'immanirra miidhaa sammuufi currisaa kan geessisan namoota gurguddoo qofa osoo hintaane, dargaggootaafi hiriyoota isaaniis kan dabalatudha. Kunis kan raawwatamu maatii keessattiifi yeroo taphaa hiriyoota isaniinidha. Yeroo hedduu daa'imman arrabsuun qaanessuun, komachuun, sossodaachisuun, qoollifachuun akkasumas, obbolaan isaaniin walbira qabuun busheessuun miiraafi currisa daa'immanii miidhuudha. Daa'imman currisaafi miira isaanii miidhuun daa'immaniif jaalala, deeggarsa miiraafi hoggansaa kennuu dhiisuu of keessatti hammata.

Rakkoon xiinsammuu yeroo dheeraaf daa'immanirratti mul'atu miidhaa currisaafi miiraa isaanirra ga'een kan walqabate ta'uu nidanda'a. Fakkeenyaaf, sababa quufsaa malee ijolleerraaj qabxii olaaraa kan eegnu yoo ta'eefi daa'imman sababa qabxii sana hingalmeessisuu hindandeenyeef ga'umsa akka isaan hinqabne irra deddeebinee yoo itti himne miirri isaanii nimiidhama. Kanaanis gahoomsa akka hinqabne godhanii waan of yaadaniif rakkoo xiinsammuu yeroo dheeraa mul'atuun gidirfamuu nidanda'u.

## **Miidhaa Saalquunnamtii**

### **Mariyachiisaa**

Namoonni gurguddoon yookiin dargaggoonni umriin ciman daa'imman waliin saalquunnamtii yoo raawwatan **miidhaa saalquunnamtii** jedhama. Namoonni daa'immanirratti miidhaa saalquunnamtii kan raawwatan daa'imman sossobuun, gowwoomsuun/ mooksuun, sossodaachisuun yookiin dirqisiisuun ta'uu danda'a.

Miidhaan saalquunnamtii daa'immanirratti kan raawwatamu karaa addaddaan ta'uu nimala. Fakkeenyaaf,

- a. Daa'imman waliin saalquunnamtii raawwachuuun
- b. Daa'immanirraa uffata isaanii irraa baasuun qaama hormaataa isaanii ilaaluun ykn tututtuquun
- c. Uffata ofirraa baasuun qaama ofii daa'immanitti agarsiisuun

- d. Daa'imman fakkiwwan ykn viidiyoo gochaalee saalqunnamtii agarsiisan akka ilaalan ykn dhaggeeffatan hayyamuufi
- e. Daa'imman daldala saalqunnamtiif fayyadamuu
- f. Daa'imman uffata irraa baasuun qaama hormaataa isaanii fakkiin ykn suuraan kaasuu/ bocuu
- g. Daa'imman qaama hormaataa namoota biro akka qaqqaban jajjabeessuu ykn dirqisiisuu
- h. Daa'imman gochaalee saalqunnamtii keessatti akka hirmaatan jajjabeessuu ykn dirqisiisuu
- i. Fakkiwwan gocha saalqunnamtii ibsan agarsiisuu, fiilmii itti agarsiisuu ykn daa'imman marii saalqunnamtii akka dhaggeeffatan gochuu

Gochaalee armaan olitti tarreffaman kan fakkaatan hundi mirga daa'immanii sarbuun yakka miidhhaa raawwatamudha.

### **Mariyachiisaa**

Ijoolleen dhiiraafi shamarranii sadarkaa umrii kamirayyuu jiraatan miidhaan saalqunnamtii irratti raawwatamuu nidanda'a. yeroo baay'ee daa'imman namoota beekaniin ykn amananiin miidhaan saalqunnamtii irratti raawwatamuu nidanda'a. daa'imman miidhaan saalqunnamtii irratti raawwatame sababoota garagaraatiin miidhaa isaanirra ga'e hindubbatan. Yeroo baay'ee akka aadaatti miidhaawan akkanaa akka dubbataman waan hinjajjabeeffamneef daa'imman dubbachuuf nisaalfatu. Daa'imman miidhaan irratti raawwatame dhimmicha nama kamittuu dabarsanii akka hindubbanne namoota miidhhaa isaanirraan ga'een waan doorsifamaniif waan isaanirra gahe maatii isaaniitillee hindubbatan. Dabalataanis, daa'imman miidhaan akkasii irra gahe rakkoo sanaaf gaafatamaa godhanii waan of ilaaliifi dheekkamsa maatii isaanii waan sodaataniif miidhaa isaanirra gahe hindubbatan.

### **4. Dhibaa'ummaa -(Fedhiwwan daa'immanii barbaachisoo ta'aniif deebii kennuu dhiisuu ykn daa'imman balaarrraa eeguu dhiisuu)**

Fedhii bu'uuraa daa'immanii jechuunis nyaata, uffata, mana, irriba, tajaajila yaalaa, barnootaafi kkf...akka hinarganne taasisuun, jaala kennuufii dhiisuun, akkasumas miidhaarraa eeguu dhiisuun fedhii daa'immaniif deebii kennuu dhiisuu ykn

dhibaa'ummaadha. Kunis osoo beekanii yookiin osoo hinbeekiin miidhaa daa'immanii raawwatamuu danda'udha. Fedhii daa'immaniif deebii kennuu dhiisuun ykn dhibaa'ummaa agarsiisuun miidhaa sammuu daa'immanirratti qaqqabsiisa. Ijoolleen haala kanaan guddatan raawwii barnootaafi jirenya hawaasummaatiin kaawwanirra baay''ee harkifatoo ta'uuf carraan isaan qaban bal'aadha.

#### **Mariyachiisaa**

Dhibaa'ummaan maatiin kunuunsa daa'imman isaaniif gochuu qaban beekuu dhabuudhaan ykn raakkoo maallaqaa irraan kan ka'e uumamuu danda'a.

### **Gochaalee Badaan Daa'immanirratti Raawwataman Miidhaan Isaan Qaqqabsiisan Maalfa'i?**

#### **Mariyachiisaa**

Miidhaan akaakuu kamiyyuu gahuufi feedhii daa'immanii guutuu dhabuun daa'immanirratti godaannisa hamaa uuma. Godaannisni kunis kan qaamaa, kan currisaa/miiraa ykn kan qaamaafi currisa/miiraa ta'uu danda'u. Haaluma baay'inaafi ulfaatina miidhaa qaqqabeetiin godaannisni uumamu hanga bara jirenya guutuutti itti fufuu danda'a. Keessumattuu godaannisni currisa/miirarrti uumamu miira/currisa daa'immanii, waliit dhufeenyaa hawaasummaafi milkaa'ina barumsaafi hojii miidhuu danda'u.

### **Ergaawan Furtuu ( Daqiiqaa shan)**

#### **Mariyachiisaa**

Ergaawan furtuu ibsaafii.

- Daa'imman iddo oolanitti balaan isaan mudachuu nidanda'a.
- Namoota gurguddootiin rakkoon nageinya, amalaafi lubbuu daa'immaniirratti raawwatamuiifi gochaaleen rakkoo qaqqabsiisan raawwatamuun **miidhaa daa'imarra gahu** jedhama. Daa'imman sirnaan kunuunsuu dhiisuun ykn dhibaa'ummaanis akkasuma miidhaa daa'imarra gahudha. Gochi badaan daa'immanirratti raawwatamuufi

dhibaa'ummaan daa'imman guddataa jiran rakkoo guddina sammuu, currisaa/ miiraa, qaamaaf akkasumas barnoota hubachuuratti rakkooftisaan saaxila.

- Mata kkeessa gadi rukutuun, qunxuuxuun, tumuun reebuun, gubuun ykn darbachuun miidhaawan qaamaati.
- Ijoollee salphisuun, arrabsuun, itti dhaadachuun sodaachisuun, irraa qoollifachuun akkasumas obbooleewwan isaanii waliin dorgommii hinbarbaachifne gochuun miidhaawan miira sammuu daa'immanirra gahudha.
- Daa'imman mooksuun/ gowwoomsuun ykn dirqisiisuun gochoonni saalqunnamtii armaan olitti eeraman kamuu yoo raawwataman miidhaawan saalqunnamtii ijolleerratti raawwatamanidha. Kanneen armaan gadiis miidhaawan saalqunnamtii daa'immanirratti raawwatamanidha.
  - ✓ Miira saalqunnamtiin qaama daa'immaanii tuttuquu
  - ✓ Qaama hormaataa namoota gurguddoo daa'immanitti agarsiisuu, fakkiwwan saalqunnamtii itti agarsiisuu
  - ✓ Seena gocha saalqunnamtii ibsu daa'immanitti himuu
  - ✓ Utuu daa'imman ilaalanii saalqunnamtii raawwachuu
- Fedhiwwan bu'uuraa jechuunis nyaata, uffata, mana, irriba, tajaajila yaalaa, barumsaafi kkf...akka hinarganne gochuun, akkasumas miidhaarraa ittisuufi eegumsa taasisuu dhiisuun **fedhii daa'imaatiif deebii kennuu dhiisuu ykn dhibaa'ummaadha**.

Miidhaawan hundiifi fedhii daa'imaaf deebii kennuu dhiisuun daa'immanirra godaannisa bara baraa kaa'a. Godaannisni tokko tokko hanga bara jirenyaa guutuutti kan itti fufaniifi dhiibbaa hi'eentaa ta'e uumuun miira eenyummaa daa'immanii utuu hinhabisiin balleessa.

## **Gudunfaafi Hojimanee ( Daqiqaa shan)**

### **Mariyachiisaa**

Yeroo marii kanatti himaattonni waa'ee nageenyaafi eegumsa daa'immaniirratti odeeffannoo faayida qabeeyyii ta'an akka argatan nitilmaamama. Dabalataanis, mudannoo mataa isaanii, haala itti guddataniifi yeroo ammaa naannoo isaaniitti balaawan daa'immanirra gahan ilaachisee olla isaanii waliin odeeffannoo bu'a qabeeyyii ta'an wal jijiiraniiru. Dhimma kana ilaachisee maatiin hawaasa ollaafi naannoo isaanii waliin odeeffannoo akka wal jijiiraniiru itti himuun barbaachisaadha.

Itti aansuun, waraqaaawan xixiqqaa yaada ijoo marii guyyichaa hubachiisuuf gargaaran maatiif kennuun nibarbaachisa. Warri daa'immaniis waraqicha of eeggannoona

qabachuudhaan maatii isaanii wajjiin, hawaasa ollaafi naannoo isaanii jiran waliin akka dubbisan akka hojimaneetti kenuuifiin nibarbaachisa. Dhumarrattis, hirmaanna maatiin marii guyyichaarratti taasisaniif galatoomfachuun barbaachisaadha.

### Mariyachiisaa

Dhuma mariirratti barumsa fayidaa qaban maricharraa argaman ykn muuxannoowwan haaraa ilaalchisee Mariyachiisaan yaadannoo qabachuu qaba. Kunis yeroo leenjii mariisistootaa yeroo itti aanutti kennamu yaadawwan gurguddoo yaadachuufi yaadota kitaaba harkee kana fooyyessuuf gargaaran walitti qabuuf fayyada.

### Kutaa Lama: Maatiin/ Guddistoonni Nageenya Daa'immanii Akkamitti Mirkaneessuu Danda'u?

Yeroon marichaaf ramadame: Daqiiqaa jahaatama

**Gocha 1: Sagantaa marii kan yeroo darbee keessa deebi'uu ( Daqiiqaa shan)**

### Mariyachiisaa

Mariin guyyichaa osoo hinjalqabamiin dura hirmaattota lama filuudhaan waa'ee yaadota gurguddoo marii yeroo darbee akka ibsan gaaffiiwwan armaan gadii dhiyeessaafii.

### Gaaffiiwwan hirmaattota marichaaf dhiyaatan

1. Yeroo darbe dhimmoonni nuti irratti mariyanne maalfaa turan?
2. Naannoo keenyatti wantoota nageenya daa'immaniirratti rakkoo geessisan ilaalchisee haaluam mariyanneen manaafi naannoo keessanitti hojii maalfaa raawwattan?
3. Muuxannoo keessan haawa naannoofi olla keessan jiraniif qooddaniittuu?

## Kaayyoo marichaa

Dhuma marii kanaatti, hirmaattonni:

- Maatiin/guddistoonni nageenya daa'immanii akkamitti akka mirkaneessuu danda'an ni'ibsu.
- Maatiin/ guddistoonni wantoota balaa qaqqabsiisan akkamitti akka ittisuu danda'an nihimu.

## Gocha 2: Marii guyyichaaf yaadota akka ka'umsaatti fayyadan(Daqiiqaa 10)

### Mariyachiisaa

Qabxiwwan asii gaditti eeraman hirmaattotaaf dubbisaa.

### Dhimmi marii guyyaa har'aa waa'ee nageenyaafi eegumsa daa'immaniiti.

Dabalataanis, maatiin akkamitti haalota balaa qaqqabsiisanirraa eeguu akka danda'an ilaachisee hubannoo ni'argatu.

- Daa'imman miidhaa irraa eeguuf jalqaba nuti mataan keenya daa'imman miidhaarraa eeguu qabna.
- Amaloota miidhaa qaban, kan daa'immanitti hintolle yoo qabna ta'e of jijiiruuf barachuu qabna.
- Maatiin akkaataa qabannaas daa'immanirratti rakkoo qaban akkamitti akka miira/currisa isaanii to'achuu danda'an ogeeyyiin isaan barsiisuun gargaaruu nidanda'u.
- Miidhaawan, fakkeenyaaf, miidhaa sammuu ykn fedhii daa'immanifi deebii kennuu dhiisuun godaannisa hamaa uuma.
- Daa'imman godaannisa miira sammuu irraa ittisuuf haalota daa'imman rakkooif saaxilan adda baasuufi jijiiruun barbaachisaadha. Nama kamiinuu daa'immanirratti miidhaan raawwatamuu nidanda'a. fakkeenyaaf, ijoolee jajjaboodhaan, firaan, maatiin, ollaan, ogeeyyi daa'imman waliin walitti dhufeeyna qabaniifi kkf...niin rakkichi ni'uumama.

### **Gocha 3: Marii garee ( Daqiiqaa digdamii shan)**

#### **Mariyachiisaa**

##### **Hirmaattotaaf akka yaada ka'umsaa kan fayyadan mariin dura yaadota armaan gadii dabalataan dhiyeessaafii**

Daa'imman qabeenya qaalii ummataati. Haata'u malee yroo hunda balaarraa of eeguuf humnaafi dandeettii hinqaban. Kanaafuu, nageenya daa'immanii eeguufi dandeettii balaarraa ittiin of eegan barsiisuun itti gaafatamummaan isaa kan maatiifi barsiisotaati. Tokkoon tokkoon maatiifi manni barnootaa tarkaanfiwwan eegumsa nageenya daa'immaniifi akkaataa balaarraa itti ittisan barsiisuu qabu. Akka maatiitti wantoota naannoo jireenya daa'imman keenyaa jiran dammaqinaan hordofuufi ijoolee keenya dhaggeeffachuu qabna. Kanaafuu, ijoolleen keenya ofitti amanamummaa kan qaban akka ta'aniifi balaa isaan mudachuu danda'urraa of eeguu akka danda'an gochuuf barsiisuu qabna. Dabalataanis, manni keenya bakka yaaddoon hinjirreefi bakka fedhiin ijoolee keenyaa itti guutamufi deeggarsa itti argatan ta'uu qaba.

Mirga daa'immanii Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii baaseefi biyyi keenyas fudhattee itti waliigalterratti namni kamyuu daa'imman kunuunsuufi eegumsa taasisuuf itti gaafatamummaa akka qabu tumee jira. Dhimmi kabajamuu mirga daa'immanii qaama heera mootummaa biyya keenyaa ta'e kun daa'imman hundi nyaata, uffataafi mana/ dahoo argachuuf mirga akka qaban tumee jira. Daa'imman mirga miidhaa kamirraayyuu eegamuu qabu. Mirgi isaanii kunis akka eegamuuf maatiifi qaamni daa'imman waliin hojjatan hundi dirqama isaanii bahuu qabu.

1. Hirmaattota garee sadiitti akka qoodaman itti himaa.
2. Tokkoo tokkoo gareetiif barreeffamoota seenss gaggabaabduu ibsan lama lama kennaafii.
3. Gareewanis senicha dubbisuun irratti mariyachuun gaaffiwwan asii gaditti dhiyaataniif deebii akka kennan itti himaa.
4. Tokkoon tokkoo garee Mariyachiisaafi kan qaboo yaa'ii barreessuufi boodas hirmaattotaaf dubbisu akka filatan taasisuun barbaachisaadha.

## **Seenicha ilaalchisee gaaffiilee gareewwaniif dhiyaatan**

1. Mudannoowwan dhageessan keessaa kan nageenya daa'immaniirratti balaa qaqqabiisuu danda'an isaan kamidha?
2. Daa'imman mudannoowwan keessatti maqaa dha'aman dhumni isaanii maal ta'uu danda'a?

## **Seenaa Tokko: Haala Guddina Dabalaa**

Dabalaan umriin isaa waggaa afur waan ta'eef gara mana barnootaa idileen duraa dhaquuf qophaa'aa jira. Dabalaan mucaa baay'ee cimaafi waan fedhu tokko humnaan raawwachuu kan barbaadudha. Dabalaan meeshaa taphaa obboleessi isaa Caalaan akkasumas kan ijooleen biroon ittiin taphatan yoo fedhe humnaan irraa fudhata. Yoo ijooleen meeshaa taphaa sana kenuufii didan isaan rukuta. Kanaafuu, harmeen isaa Dabalaa abboommachuu hindandeenya. Maatiin ijoolleee olla sana jiranii abbaa Dabalaatiif komii dhiyeeffatu. Kanarraa kan ka'e abbaan Dabalaa ni'aara. Dabalaa qabanii guyyaa guyyaan nireebu. Ammalli Dabalaa inumaa badaa ta'aa dhufe.

## **Seenaa Lama: Haala Walitti Dhufeenyaa Latiifi Qu'achiisaa Ishee**

Latiin yeroo ammaa umriin ishee waggaa kudha lama yommuu ta'u kutaa shan barachaas jirti. Latiin mucayyoo bareedduufi ijoolee dhiiraa waliin taphachuu kan jaallattudha. Latiin barsiisaa ishaa Afan Ingilizii barsiisuu bareedaa kan ta'e baay'ee jaallatti. Barsiisaa Afan Ingilizii sanas '*Obboo*' jettee waamti. Latiin barumsa isheetti qaxalee waan taateef barsiisaan ishee daree keessatti baay'ee ishee dinqisiifata. Yeroo hunda gara biiroo isaatti ishee waama. Latiin obboleetti ishee Jijee jedhamtu, kan umriin ishee waggaa saddeet ta'etti, barsiisaa isheerraajaalalli akkamitti ishee qabe itti himti. Dabalataanis, barataa kutaa saddeettaffaa barachaa jiru tokkorraas jaalalli akka ishee qabe Jijeetti himti.

Latiin fakkii dhiiraafi dhalaa qullaa isaanii ta'anii wal dhungachaa jiran Jijeetti agarsiisti. Latiin biiroo keessatti barsiisaa waliin akkasumas barataa kutaa torbaffaa baratu waliin kutaa duwwaa jiru keessatti qaama ishee qullaa akka teessu Jijeetti himti.

Guyaa muraasa booda immoo Latiin halluu hidhiifi qeensaa dibbachuuf harmee ishee hayyama gaafatti. Latiin of mimmiidhadsuun sa'atii dheeraa waan itti fudhatuuf mana

barumsaa dhaquurratti barfachuu jalqabdee jirti. Latiin walgahiin maatii yoo jiraate yeroo baay'ee ijoollee umriin isheen walqixa ta'an caala ijoollee dhiiraa gurguddoo ta'an waliin turuu jaalatti.

### **Gabaasa gare dhiyeessuu ( daqiqaa kudha shan)**

#### **Mariyachiisaa**

1. Hirmaattonni gaaffilee armaan olitti dhiyaatanirratti erga mariyataniibooda karaabakka bu'aa isaaniin dabaree dabareen deebii isaanii hirmaattota kaaniif ibsuuqabu.
2. Dhiyeesitootaaf daqiqaa sadisadii qofa hayyamuudhaan deebii garee isaanii akka dhiyeessa godhaa
3. Yommuu gareen tokko dhiyeessee xumuru namoonni lama yaada akka itti kennanykn gaaffii akka gaafatan hayyamaafii  
Yaadota hirmaattotarraa kennamanirratti Mariyachiisaan sirreffama kennuu ykn yaadicha cimsuutu irraa eegama.

### **Madaallii (keessa deebii); ( daqiqaa shan)**

#### **Mariyachiisaa**

Miidhaa qaamaa, miiraa/ currisaa, saalqunnamtii daa'immanirra gahu akkamitti ittisuun akka danda'amu hirmaattota gaafachuu  
Gaaffiwwan dhiyaatan barumsa guyyaa sana baratan hangam akka hubatan gamaggamuuf malee qorumsa akka hintaane maatiif ibsuun barbaachisaadha.

### **Ergaawan Furtuu Ta'an (Daqiqaa shan)**

#### **Mariyachiisaa**

Ergaawan furtuu hirmaattotaaf dubbisaa

- Maatiin daa'imman isaanii filannoo fayya qabeessa ta'e akka gaggeessan qopheessuuqabu.
- Mana keessatti maatiin yeroo hunda wantoota ijoollee mudachuu danda'u irrattimariyachuuf yeroo marii qabaachuu qabu.

- Maatiin miidhaan ijoollee isaaniirra ga'uu isaa shakkii yoo qabaatan tooftaadhaan gargaaruuf yaaluun barbaachisaadha. Maatiin namoota ijolleerra miidhaa qaqqabiisan waliin taa'uun seeraan mariyachuu yoo danda'an ykn yoo midhaan daa'immanirratti raawwatame poolisiif ykn qaamota naannootti argaman kan dhimma daa'immaniirratti itti gaafatatummaa qabaniif eeruu yoo kennan ijoollee isaanii qofa osoo hintaane ijoollee hawaasaas balaarrraa ittisuu nidanda'u.
- Mana keessattis ta'e manaan alatti namoonni gurguddoон ykn dargaggoони umriin guddaa ta'an ijoollee keessan waliin baay'ee walitti dhiyaatanii yoo argitan jalqaba fuulcha tokkollee utuu hinkenniin hordoffii taasisaa.
- Ijolleen keessan eenyufaa waliin maalfaa hojjataa akka oolan baraa. Hordoffiin akkanaa kunis balaa daa'immanirra gahuu malurraa baraaruuf gargaara.
- Bakka oolmaa kessanii ijolleetti himuu aadaa godhadhaa. Isin yooakkana gootan ijolleen keessanis amala akkasii horachuuf nijajjabaatu. Ijolleen keessan mana barnootaatiin alatti maalfaa hojjachaa akka turniifi eenyufaa waliin taphachaa akka oolan gaafadhaa. Namoonni biroon maal akka hojjatan, maal akka arganiifi kan namoonni biroon dubbatan maal akka dhaga'an akka ibsan jajjabeessaa; badhaasaas.

## **Gudunfaafi Hojimanee ( Daqiiqaa shan)**

### **Mariyachiisaa**

Yeroo marii kanatti hirmaattonni miidhaa daa'immanirra gahuu malu akkamitti ittisuu akka danda'anirratti odeeffannoo faayida-qabeeyyii ta'an akka argataniif ibsi nitaasisamaaf.

Dabalaataanis mudannoo mata isaanii fayyadamaauun haala itti guddataniifi yeroo ammaa naannoo isaaniitti waa'ee miidhaa daa'immanirra ga'u olla isaanii waliin odeeffannoo faayida-qabeeyyii ta'an waliif qoodanii jiru. Maatiinis dhimma kana ilaachisee hawaasa ollaafi naannoo isaanii jiran waliin odeeffannoo akka waljijiiran taasisuun barbaachisaadha.

Itti aansuunis, waraqaalee xixiqqaa waa'ee yaada ijoo marii guyichaa yaadachiiisuuf fayyadan maatiif kenuun nibarbaachisa. Maatiinis waraqaa kana of eggannoonaan qabachuun miseensota maatii waliin, hawaasa ollaafi naannoo isaanii jiran waliin akka dubbisan akka hojimaneetti kenuufiin murteessaadha. Dhumarrattis, hirmaannaa isaan har'a taasisaniif hirmaattota galatoomfachuun barbaachisaadha.

## Mariyachiisaa, yaadannoo qabadhaa!

Dhuma marichaarratti barumsa maricharraa argame ykn muuxannoowwan haaraa argaman ilaalchisee yaadannoo qabachuun barbaachisaadha. Kunis, yeroo marii itti aanuuf yaadolee ijoo ta'an yaadachuufi yaadota kitaaba harkee kana fooyyessuuf gargaaran walitti qabuuf fayyada.

### Odeeffannoo dabalataa Mariyachiisaaf Maatiin maal gochuu danda'u?

#### Mariyachiisaa

Daa'imman waa'ee addunyaa keessa jiraatan beekuuf fedhiifi hawwii olaanaa qabu. Kanaafuu, yeroo mara gochawan guddinaafi nageenya isaanii qorutu isaan qunnama. Maatiin ijoolllee keenya balaafi miidhhaarraa eeguuf sagantaa baafannee hojjachuu qaban. Sagantaan nuti baafannus gochaalee armaan gadii shanan kan ofkeessatti qabaate ta'uu qaba. Qabxiwwan shanan asii gaditti tarreffaman hirmaattotaaf dubbisaa. Maatiin kana raawwachuu yoo danda'an nageenyi ijoolllee isaanii haala gaariirra kan jiru ta'uu ykn ta'uu dhiisuu isaa hubachuuf isaan gargaara.

- Qophii:** Maatiin ijoolleen isaanii filannoo sirriifi fayya-qabeessa ta'e murteessuu akka danda'an hoggansaafi barumsi mishaa kennuuf dirqama qabu. Kanaafuu, maatiin ijoolllee isaanii waliin dudubbachuu danda'uun jalqabbii gaariidha. Maatiin ijoolllee isaanii waliin mariyachuunn yommuu aadeffamaa dhufu daa'imman of gargaaruuf, akkasumas maatiin ijoolllee isaanii gargaaruu kan dandeessisu haala gaarii uumu.
- Gaafachuu:** Ijoolleen maatii isaniirra adda ba'anii yommuu oolan eenyufaa waliin maal hojjachaa/dubbachaa akka turan maatiin jaalalaafi bifaa tasgabbii qabuun ijoolllee isaanii gaafachuu qabu. Yeroo baay'ee ilaalcha '*Ijoolleen namni kamuu hinmiidhu*' jedhu kan nama dagachiisuu ta'uu nidanda'a. ijoolleen mana isaaniitii ala yommuu turanitti haalota turan gaafachuu rakkoo uumame battalumattu beekuun sirreffama taasisuudhaan gara fuulduraatti rakkooowwan mudachuu danda'an ofiraa ittisuuf nifayyada.

3. **Dhaggeeffachuu:** Maatiin waan ijoolleen kaka'umsa mataa isaaniitiin itti himan xiyyeffannaan dhaggeeffachuu qabna. Maatiin yeroo tokko tokko kan ijoolleen itti himan waanuma kalaqanii itti himan wantoonni fkkaatan dhugaa ta'uu waan danda'aniif, of eeggannoo gochuun barbaachisaadha.
4. **Beekuu:** Maatiin amala ijollees isaanii adda baasanii beekuu qabu. Maatiin amala ijolleefi namoota gurguddoo ijollees isaanii waliin oolanii sirriitti beekuutu irra jiraata.
5. **Barsiisuu:** maatiin ijollees isaanii sadarkaa hubannaasisaanii barsiisuu qabu. Barumsi ijollees miidhaa irraa ittisuun kennuun kan eegaluu waa'ee kutaa nafa isaanii beeksisuurraati. Daa'imman waan itti himamu umrii itti hubachuu danda'aniin booda waa'ee kutaa nafa isaanii tuqamuu hinqabnee ifatti itti himamuu qaba. Ijolleen waan argan, dhaga'an, raawwatan, dubbatan, waan namoonni kaan dubbataniifi raawwatan warra isaaniitti himuun barbaachisa akka ta'e barsiisun murteessaadha. Kunis, daa'imman oolmaa isaanii keessatti taateewwan uumaman, yaadaafi miira isaanii akka nuuf qoodan isaan dandeessisa.

### **Daa'imman Yeroo Miidhaan Irra Ga'u Mallattoowwan Akeekkachiisaa Isaan Mul'isan Beekuu**

Daa'imman miidhaan irra ga'e mallattoowwan akeekkachiisaa isaan agarsiisan beekuun dafanii sirreffama barbaachisu kennuufi daa'imman rakkicha keessaa baasuuf carraa gaarii uuma.

#### **Mariyachiisaa**

Miidhaan daa'immanii yeroo baay'ee ifa miti. Mallattoowwan akeekkachisaa barachuun hanga danda'ametti saffisaan rakkicha adda baasuuf, akkasumas daa'imman miidhaan irra ga'eef gargaarsa barbaachisu gochuu dandeessisa. Waa'ee miidhaa daa'immanii ijollees waliin dudubbachuu rakkisaadha. Garuu, baay'ee faayidaa guddaa qaba. Mala ittiin mariisisaniif ogeessa barbaachisuu nimal.

Daa'imman miidhaarraa eeguuf tarkaanfin jalqabaa maatiin fudhachuu qabu keessaa tokko mana keessatti iftoominaan marii gaggeessuudha. Yeroo baay'ee waa'ee miidhaa isaanirra ga'eef dubbachuu dhiisuu nimalu. Kanaafuu, maatiin mallattoowwan biro dammaqinaan ilaaluu qabu. Miidhaa daa'immanii adda baasuuf qabxiwwan armaan gaditti tarreeffaman hirmaattota waliin irratti mariyadhaa.

**Fuulcha-ergaa naannawaa** \_ Daa'imman sababa ifa hintaaneen amala gara mana firaan ykn hiriyaadhaquuf hayyamamoo ta'uu dhiisuu agarsiisuu nimalu. Haala hinbaratamneen namoota murtaa'anitti dhiyaachuuf fedhii dhabuun (namoota dur itti dhiyaatanirraa baqachu) ykn haala faallaa ta'een nama dur itti hindhiyaannetti akka tasaatti walitti dhufeenyaa uumuun fuulcha birooti.

**Amaloota fiixeetti bahan agarsiisuu** \_ Baay'ee komii cimaan dubbachuu ykn waan tokko baay'isanii barbaaduu, baay'ee callisuu ykn baay'ee dheekkamaa ta'uun daa'immanirra miidhaan akka ga'e nutti agarsiisa.

**Amaloota hinbarbaachifne agarsiisuu** \_ Fakkeenyaaaf akka namoota gorguddaatti daa'imman biro kunuunsuu, ykn akka daa'imaatti harka soschoosuu, quba ofii hodhuu, dheekkamanii danfuun akka mallattootti mul'achuu danda'u.

### **Mallattoowwan Qaamni Miidhamuu Agarsiisan**

- Madaa irra deddeebiin mul'atu ykn godaannisa
- Madaan boca wal fakkaataa ta'e harkaafi naannoo garaatti mul'achuu
- Akka namoonni isaan hintuqne jalaa dheessuu, sochii taasisuu sodaachuu ykn gara mana deemuu sodaachuu
- Madaa dhoksuuf ijoolleetti uffata himmalle itti uffisuu, fakkaanyaaf, guyyaa aduun ho'uttu keessatti shamiza koollattaa dheeraa qabu itti uffisuu

### **Miidhaan saalqunnamtii daa'immanirra ga'uu mallattoowwan agarsiisan**

- Haala hinbaratamneen adeemuufis ta'e taa'uuf rakkachuu
- Umrii isaaniin kan wal hingitne beekumsa saalqunnamtii ykn fedhii saalqunnamtii agarsiisuu
- Yeroo hunda dammaqoo ta'uu, akkasumas wanti gadheen tokko akka uumamuutti dammaqinaan eeguu
- Amala sagaagalummaa agarsiisuu
- Sababa hinbeekamneen namoota murtaa'an gonkuma jibbuu

- Umrii osoo hingahiin namoota biroo fuulduratti uffata jijiirrachuuf hayyamamoo ta'uu dhiisuu
- Naanno nafa saalaa akka hooquufi mallattoon diimachuu mul'achuu
- Haala hineegamneen fincaan sireerratti fincaa'uu, fedhii nyaataafi irribaa dhabuu
- Namoota miidhaa irratti raawwatan yommuu argan rifachuufi sochuu
- Namoota birooraa qoollifachuu
- Of jibbuufi waa'ee ofiirratti ilaalcha badaa qabaachuu (of gatuu)
- Manaa baduufi mallattoleen kana fakkaatan miidhaan saalqunnamtii akka irra ga'e agarsiisu.

### **Fedhii daa'immaniif deebii kennuu dhiisuun miidhaan daa'immanirraa gahuu mallattoolee agarsiisan**

- Uffata sirnaan uffachuu dhiisuu, uffanni isaanii akka malee xuraa'uu ykn haala qilleensaaf kan hinmijanne
- Irra deddeebiin rakkoon qulqullinaa mul'achuu. Fakkeenyaa, xuraa'uu, rifeensa ofii qulqullinaan qabachuu dhiisuu, qeensa miilaafi harkaa qorachuu dhiisuu, foolii qaamaa badaa ta'e qbaachuu
- Madaa qaamarraafi dhibee yaala hinarganne
- Irra deddeebiin nama isaan kunuunsu dhabuu, ijoolleen bakka ykn haala mijataa hintaane akka taphatan qofaa isaanii dhiisuu
- Irra deddeebiin mana barnootaarraa barfachuu ykn hafuu
- Qabxiin barnootaa isaanii gadi bu'aa dhufuu akka mallattootti fudhatamuu nidanda'u.

#### **Mariyachiisaa**

Maatiin mallattoolee armaan olitti tarreffaman irra deddeebiin yoo argan ijoolleen isaanii deeggarsa isaanii kan barbaadan ta'uu hubachiisaa. Maatiin ijoollee isaanii jaalalaafi obsaan waa'ee oolmaa isaaniirratti waliin mariyachuu qabu. Maatiin rakkoo ijoollee isaanii adda baasuu yoo danda'an akkamitti jijiiruu akka qabanirratti itti yaaduu qabu. Maatiin ijoollee isaanii gargaaruu yoo hindandeenye gara dhaabbilee fayyaa naannoo isaanii jiruutti geessuun ogeeyyii fayyaa mariisisuutu irra jiraata.

## Daa'imman Miidhaarraa Eeguuf Maal Gochuutu Barbaachisa?

### Mariyachiisa

Daa'immanirraa miidhaan akka hingeenye maatiin ykn guddistoonni tarkaanfii addaddaa fudhachuutu irraa eegama. Hirmaattonni tarkaanfilee kanneen hubachuu akka danda'an qabxiwwan armaan gadii isin dursaatii hubachuun mariisisaa.

- Ijoolleedhaaf yeroo kennuu qabna.
- Yeroo hunda miidhaarraa kan eegaman ta'uu mirkaneeffachuu qabna.
- Maatiin mallattoolee fayya qabeessa hintaane irra deddeebin ijoollee isaanirratti ykn miidhaan irra ga'uu isaa kan agarsiisan yoo argan gargaarsa sirrii kennun barbaachisaadha.

### Daa'imman miidhaa saalqunnamtiirraa eeguu

Miidhaan saalqunnamtii akkuma miidhaa qaamaa dabalataan miidhaan miiraa/currisaa uumamu baay'ee olaanaadha.

- Miidhaan saalqunnamtii daa'immanirratti miira yeella'uufi yakkaa uuma.
- Daa'imman miidhaa irra ga'een of komatu.
- Leeyya'uun miidhaa saalqunnamtiin uumamu daa'imman miidhaa irra ga'e maatii isaanitti akka hinbine taasisa.
- Maatiin ykn guddistoonni isaanii akka itti hinaarre, akka isaan hinamanne ykn sababa isaaniin maatiin akka hiniigamne yaaduudhaan dhiphatu.
- Of jibbuu ykn hanga of ajjeesuuf murteessuutti ga'u.
- Dhukkuba sammuu cimaa ta'eef saaxiluu nidanda'a.

### Mariyachiisaa

Daa'imman miidhaa isaanirra ga'e rakkoo kana kan fide mataa isaanii akka ta'e ykn sababa hinbeekamneen akka isaanitti dhufeetti itti dhaga'ama.

Ilaalcha akkanaa jijiiruudhaaf warri ijoollee maatii isaanii keessatti iftoomina, walitti dhufeenya jaalalaa akkasumas sa'atii irbaataatti waa'ee oolmaa guyyaarratti waliin mariyachuu aadeffachuu qabu. Maatiin haalonni amanuuf isaan rakkisu yeroo uumamu

dhimmicha xiyyeffannoonaan qu'achuu qabu.

Maatiin wantoota ijolleeraa dhaga'an osoo hinqoratiin tuffatanii dhiisuun ykn akka sobaatti fudhacchuun hinbarbaachisu.

## Rakkoo Daa'immanifiidhaan xiyyeffannaan Kennuu

- Yeroo baay'ee maatiin waa'ee daa'imman isaanii tuffachuun/dagachuun maal akka ta'e agarsiisuun salphaa miti. Haata'u malee, haalonni daa'imman itti dagataman jira. Fakkeenyaaf,
  - Yeroo tokko tokko maatiin miidhaa olaanaan irra ga'uun ykn jeeqamuun miiraa/currisaa irra ga'uun ijolleee isaanii kunuunsuu dadhabu.
  - Maatiin tokko tokko immoo araada alkooliin ykn jimaan ykn baala sammuu nammaa adoochuun qabamuun ijolleen isaanii haala akkamii keessa akka jiran hinhubatan.
  - Maatiin hojiin humnaa ol itti baay'atu rakkoo ijolleee isaanifiidhaan xiyyeffannoonaan kennuu hindanda'an.

## Maatiin ijolleee isaanirratti miidhaan akka raawwatame yoo shakkan wanti isaan gochuu qaban maali?

Maatiin ijolleee isaanirratti miidhaan raawwatamuun yoo shakkan jalqabarratti:

- Daa'imman sanneen kunuunsuufi tasgabbeessuu qabu.
- Cinaa ijolleee dhaabbachuu qabu.
- Nageenya ijolleee eeguudhaaf qaama seeraa dhimmichi isaan ilaallatutti beeksisuun qabu.
- Ogeeyyii fayyarraa deeggarsa gaafachuuqabu.

### Mariyaachiisaa

Dhimma ijolleee miidhaan irratti raawwatamee qaamolee seeraa dhimmichi isaan ilaallatutti beeksisuun gara fuulduraatti miidhaa hammaataan akka hin uumamne gochuu dandeessisa. Daa'ima miidhaan saalqunnamtii irratti raawwatame dafanii gara dhaabbata fayyaa geessuun qorannoo barbaachisu gochuudhaan dhibee saalqunnamtii daa'immanirra gahuu malu hambisuun nidanda'ama.

## Miidhaawwan Ijolleerra Ga'uu Malan Ittisuudhaaf Eeruwwan

### Dabalataa Maatiidhaaf

- Miseensota maatii waliin waa'ee oolmaa guyyaa isaaniirratti mariyachuun ijolleesiisaaniif fakeenya iftoomina qabu ta'uufiituu irra jira. Ijolleenis oolmaa guyyaa isaanii akka dubbatan jajjabeessuu qabu.
- Ijolleen hojii badaa keessatti hirmaachuu isaanii yoo dubbatan qeequn ykn itti wacuun loluun hinbarbaachisu. Ijolleen hojii badaa keessatti hirmaachuu isaaniif yoo itti aartan ykn kan itti duttan yoo ta'e gara fuulduraatti mudannoowwan akkasii isinitti hinhiman.
- Ijolleen yoo hojii badaa keessatti hirmaachuu isaanii dubbatan akkuma yeroo isaan hojii gaarii hojjataniitti ofitti dhiyeessuun iftoominaan jajjabeessuu qabdu. Haata'u malee, gocha badaa raawwatameef tasgabbaa'anii miira hiriyummaatiin maaltu akka raawwatame, yoomiifi eessatti akka raawwatame, akkasumas eenyufaa waliin akka raawwatame qorachuun barbaachisaadha. Itti aansunis, utuu ijolleehinrifachiisiin tasgabbaa'uun waa'ee gadhummaafi hammeenya hojichaa ibsuufiin barbaachisaadha. Odeeffannoon ijolleerraargames yeroo itti aanutti maal gochuun akka barbaachisu murteessuuf nama gargaara.
- Naannawa mana keessanii bo'oon lolaa gadi fagoo ta'e ykn bo'oon dhangala'oon keessa yaa'an ykn boolli hincufamiin yoo jiraatan akka cufaman mirkanoeffachuuun barbaachisaadha.
- Geemmoowwan dho'uu danda'an, dhugaatiwwan alkoolii mana keessatti qophaa'an, kibiriitii, waantoota qara qaban, qorichoota, akkasumas oomishaalee qulqullina dhuunfaa ittiin eeggatan bakka daa'imman hinqaqqabne kaa'uun barbaachisaadha.
- Naannawa daa'imman sochii qaamaa itti taasisaniifi itti taphatan filachuun barbaachisaadha.
- Yeroo daa'imman daandii konkolaataa qaxxaamuran hordofuufi gaggeessuun barbaachisaadha.
- Sookkeettiwwan elektirikaa tajaajila hinkennine cufuun barbaachisaadha.
- Maatiin amala ijolleee olla, firaafi hiriyyaa beekuun murteessaadha.
- Daa'immaniif wanttota luxxee ta'an kan akka loozii ykn soorata boca geengoo qaban kan biroo akkasumas karameellaa gogaa kennuufiin hinbarbaachisu.
- Ijollee naannawa bishaanii ykn bishaan keessatti dhiisanii deemuun waan sirrii hintaaneef wajjiin turuun barbaachisaadha.

- Osoo ijoollee baatanii waan ho'aa harkatti qabachuun sirrii miti,
- Madaa sasalphaatiif yaala saffisaa kenuudhaaf saanduqa kenna yaalaa jalqabaa mana keessatti qopheeffachuuun barbaachisaadha.
- Daa'imman madaa'an ykn dhiigni isaanii dhangala'u gargaaruuf guwaantii harkaa ykn laastikii feestaalii fayyadamuun jarmoota warrarrraa gara daa'imaatti ykn daa'imarraa gara warraatti akka salphaatti daddarbuu malu ittisuuf gargaara.

### **Namoota Hinbeekamneen Butii Raawwatamuufi Miidhaa Kornayaa Ittisuuf**

- Ijoollee naannoo hinbeeknetti qofaa isaanii gadi lakkisu dhiisuu
- Ijoollee bakkeewwan gabaatti, mana amantiifi kkf...dhiisanii bira deemuu dhiisuu
- Ijoolleen keessan yeroo mara eessa akka oolan adda baafachuu
- Ijoolleen yeroo umriin isaanii wagga lamaafi ji'a jaha ta'u ykn yeroo argaa maatiin ala socho'uu yommuu jalqabanirraa eegalee namoota hinbeekne waliin haasa'uu jalqabuun gaarii akka hintaane itti himuun barbaachisaadha. Ijoolleen keessan yoo namoonni isaan hinbeekne isin fudhanna ittiin jedhan hinta'u akka jedhan ykn akka iyyan leenjisaanii.

### **Ijoollee Ibiddaafi Gabamuurraa Ittisuu**

- Kibiriitiifi wantoota ibidda uuman bakka ijolleen hinqaqqabne kaa'uu.
- Geemmiin/ istooviin bakka daa'imman hintuqne taa'uu isaa mirkaneessuu.
- Daa'imman xixiqqoon bakka nyaanni itti qophaa'u akka hingeenye gochuu.
- Yommuu ijoollee bishaan ho'aan qaama isnnii dhiquu barbaaddan dursaatii hanga ho'ina bishaanichaa dugda harka keessaniirratti cophsuun sakatta'aa.
- Sookkeettiwwan elektirikii tajaajila hinkennine minjaala, teessoofi kkf..fayyadamuun gidaara manaa cufuu
- Naannawa daa'imman taphatan bishaan ho'aan akka hinteenye gochuu

### **Ijoollee Balaa Summiirraa Eeguu**

- Wantoota summaa'oo mana keessatti argaman adda baasuun kaa'aa.
- Wantoonni summaa'oon mana keessa jiran bakka ijolleen hinqaqqabne taa'uu isaa mirkaneessaa. Dawaaniifi meeshaan dawaa hundi bakka ijolleen hingeenye kaa'aa.

- Ijoolleen nyaataan ala wanta biroo gara afaan isaaniitti akka hingeessine/ akka afaan hinkaawwanne barsisiun balaawan wantoota summaa'oo ta'aniin dhufan ittisuun nidanda'ama.

## **Ijoollee Balaa Bishaaniin Nyaatamuurraa Itisuu**

- Ijoollee gonkuma mana fincaanii keessatti qofaa isaanii dhiisuun sirrii miti.
- Mana fincaaniitti balbalaafi furtuu itti gochuun yoo namni keessa jiraateen ala kara alaan furtuun cufuu.
- Naannawa bishaanii ykn maddaa bishaanii ykn boolla bishaaniitti ijoollee qofaa dhiisuun sirrii miti; ijoollee waliin turuun barbaachisaadha.
- Boolla bishaanii naannawa keessan jiraniif dalla itti hojjachuun yeroo hunda akka eegaman qaama bulchiinsaa naannoo keessan jiran waliin mariyachuun barbaachisaadha.

## **Ijoollee Balaa Konkolaataarrraa Eeguuf**

- Yeroo daandii konkolaataa qaxxaamurtan harka ijoollee xixiqqoo qabachuun ceesisuun qabdu.
- Ijoolleen of danda'anii daandii konkolaataa qaxxaamuruu isaanii adda baafachuuf yeroo isaan daandii konkolaataa qaxxaamuran ilaalaa. Daa'imman umriin isaanii wagga shanii gadi ta'e qofaa isaanii daandii konkolaataa akka qaxxaamuran gonkumaa hinhayyamiinaafii.
- Ijoolleen hanga danda'ametti daandii konkolaataa yommuu qaxxaamuran karaa sirrii ta'e fayyadamuu akka danda'an xiyyeffannoon barsiisuun barbaachisaadha.
- Maatiin seera tiraafikii kabajuun fakkeenyta'uun (daandii cinaa gama bitaa qabatanii deemuu, bakka mallatoon zeebiraa jirurraan daandii konkolaataa qaxxaamuruu akka shaakalan gochuun barbaachisaadha.
- Naannoonaan daa'imman sochii qaamaa itti taasisaniifi itti bashannanan nageenyi isaa kan eegame ta'uu qaba.
- Ijoolleen yommuu daandii qaxxaamuran bitaafi mirga ilaallachuun, akkasumas daandiirra konkolaataan akka hinjirre mirkaneeffachuun ce'uu akka qaban barsiisuun murteessaadha.
- Ijoolleen daandii konkolaataarra akka hintaphanne gorsuun barbaachisaadha.

- Ijoolleen yommuu konkolaataan deeman teessoo isa duraa(gabbiinaa) irra taa'uu akka hinqabne gorsuun barbaachisaadha.

## **Nageenyaafi Eegumsa Daa'imman Baay'ee Xixiqqoo Ta'anii**

Gochaaleen ittisaa hunduu daa'immaniif barbaachisoo yoo ta'anillee fayyaafi kunuunsi daa'immanii kanneen xiyyeffannoo argachuu qabanidha.

- **Daa'imman mana keessatti balaarrraa eeguuf**

- ✓ Kutaa mana keenyaa hunda keessatti wantoonni balaa geessisuu danda'an jiraachuu nimalu.
- ✓ Utuu ijolle baatanii waan ho'aa harkatti qabachuun sirrii miti.
- ✓ Sammuu daa'immaniirra akka hinbuune bakka daa'imman ciisan cinaa burcuqqoo, fuduraalee, meeshaalee faaya namaa kaa'uu dhiisuu
- ✓ Teessooniifi minjaalli sirnaan dhaabachuu mirkaneeffachuu
- ✓ Ijoolleen bishaan ho'aan qaama isaanii dhiquu yoo barbaaddan dursitanii hanga ho'a bishaanichaa dugda harka keessaniirratti cophsuun sakatta'aa.
- ✓ Daa'imman bakka arga keessaniin ala ta'etti gonkuma hindhiisiinaa.

- **Daa'imman balaa hudhamuufi ukkaamamuurraa eeguuf**

- ✓ Daa'imman baay'ee xixiqqoo ta'an yommuu rafan dugda isaaniin ciibsuu, booraatii jala kaa'uu dhiisuu
- ✓ Daa'imman xixiqqoon kunniin akka hinukkaamamne huccuwwan ciccitaafi wantoota ispoonjii ta'an naanoo isaan ciisanirraa fageessuu. Yoo bira jiraattan malee boraatii, uffata qorraa ykn ashaangulliitii naannawa bakka isaan ciisan fuuldura kaa'uun sirrii miti.
- ✓ Kutaa mana keessanii keessaa saantimoota, mismaara, jajjaboo, aziraarotaafi waantoota xixiqqoo boroo fuudhanii afaan keessa akka hinkaawwanne kutaalee manaa hunda qulqulleessuu.
- ✓ Daa'imman hanga isaan danda'an qofa ilaallee nyaata afaan kaa'uu

## **Miidhaa Balaa Tasaan Ijolleerra Gahuu Maluuf Qophiifi Tarkaanfii Maatiin Taasisuu Qaban**

- Maatiin ykn guddistoonni madaa sasalphaaf yaala saffisaafi salphaa ta'e kennuuf saanduqa kenna yaala duraa mana keessatti qopheeffachuu nibarbaachisa.

- Daa'imman miidhaan irra ga'e hanga yaala ogeessaa argatanitti maatiin saanduqa kenna yaala duraa kana fayyadamuun gargaarsa gochuufii nidanda'au.
- Saanduqa kenna yaala duraa kaartoniirraa ykn laastikiirraa qopheessuun nidanda'ama. Saanduqa kenna yaala duraa keessa jirbii, pilaastera madaa ittiin hidhan, dukkaana qorichaarraa kan bitaman jiivii madaa ittiin qoorsuuf fayyadan, akkasumas huccuu cittuu qulqulluu ta'e madaa ittiin hidhuuf fayyadau kaa'uun barbaachisadha.
- Saanduqa kenna yaala duraa bakka daa'imman hinqaqqabne kaa'uu qabna. Wantoonni saanduqa kenna yaala jalqabaa keessa jiran daa'imman miidhaman hanaga mana yaalaa ga'anitti dhiiga dhangala'uu malu ittisuuf gargaara.
- Daa'imman miidhaman gargaaruufi dhiiga dhangala'u dhaabsisuuf yaalii taasifamu keessatti of eeggannoo gochuun murteessaadha.
- Maatiin kutaa qaamaa dhiigaa jiru yommuu tuqan harka isaanii huccuu qulqulluun haguuguu qabu. Kunis, jarmoota maatiirraa gara daa'imaatti ykn daa'imarraa gara maatiitti daddarbi ittisuuf gargaara.
- Maatiin maadaa dhiigaa jiru, madaa hinhidhamiin, madaa gogaarra jiru, gogaa tarsa'e ykn huccuu isaanii dhiigaan yommuu tuqan harka isaanii pilaastikii qulqulluun haguuguun/ gamaluun barbaachisaadha.
- Ijoolleen dhiiga namoota biroofi dhangala'aa qaama keessaa ba'u gonkuma akka harkaan hintuqne barsiisuu qabdu.